
# AJAJNI TOORA INTERNEETII WIC YEROO AMMAA WALMART BIR NI ARGAMA!

## NYAATAWWAN WIC SALPHAATTI ARGACHUUF TOORA INTERNEETII IRRAA BITADHAA

- Yeroo geejjibaa ykn fudhaachuuf isiniif mijatu filadhaa.
- Barbaacha keessan gara wantoota ulaagaa WIC guutanitti dhiphisaa.

## OSOO GARA TOORA INTERNEETII HIN DEEMIN BARADHAA

- Kuusaa Walmart kan Waashingitan keessatti argamu kamiyyuu filadhaa.
- Haftee faayidaa keessanii aappii WICShopper ykn marsariitii Walmart irratti ilaalaa.
- Dursaa bitadhaa! Fudhachuu, geejjibuu, fi jijjiirraawwan **yeroo faayidaa amma qabdan keessatti ta'uu qaba.**
- Naannoo keessanitti geejjibuun filannoo ta'uu isaa mirkaneeffadha.
  - » Maaloo hubadhaa: WIC kaffaltii geejjibaa hin uwwisu.



### Marsariitii ykn Aappii Walmart Fayyadamuun Toora Interneetii irraa Bittaadhaa

**Walmart | Maallaqa Qusadhaa. Jireenya gaarii jiraadhaa.**

**Aappii Walmart buufadhaa.**

Download on the App Store

GET IT ON Google Play

### Gaaffii fi Deeggarsaaf Giddugala Gargaarsa Walmart qunnamaa

**Gargaarsa - Walmart.com**

**Bilbila: 1-800-925-6278**



## AKKATAA JALQABBII

- Gara Walmart.com deemaa ykn aappii Walmart banaa.
- **"Sign in (Seenuu)"** ykn **"Create an account (Herrega banuu)"** kan jedhu cuqaasaa.
- **"Add new payment method (Mala kaffaltii haaraa dabaluu)"** ykn **"Add payment card (Kaardii kaffaltii dabaluu)"** kan jedhu cuqaasun lakkoofsa kaardii WIC fi PIINII keessan galchaa.

## AKKAATAA BITTAA

Nyaata WIC barbaaduf karaalee 2tu jiru.

1. **Dagalee barbaachaa fayyadamaa.**
   - Gosa nyaataa barbaaddan galchaa.
   - Mallattoo "WIC Eligible (Ulaagaa WIC kan Guutu)" kan jedhu barbaadaa.
   - "+Add (Dabaluu)" cuqaasaa
   - Maaloo hubadhaa: Walmart meeshaalee dabalataa ulaagaalee WIC hin guunne agarsiisuu mala. Faayidaalee nyaataa kamtu herrega keessan keessatti akka argamu mirkaneessuf, barreeffama "WIC Eligible (Ulaagaalee WIC kan Guutu)" jedhuu fi tarreeffama bittaa keessan ilaalaa.
2. **Faayidaalee WIC keessan bitadhaa**
   - Tarreeffama **Services (Tajaajiloota)** jedhu filadhaa.
   - **Online Ordering (Ajaja Toora Interneetiirraa)** jedhu filadhaa.
   - **Benefits Programs (Sagantaalee Faayidaalee)** jalaa WIC filadhaa.
   - Nyaata keessaan ulaagaa WIC guutan **DABALAA**.

## AKKAATAA MIRKANEESSAA

1. **Shopping cart (Baattuu Shaqaxaa)** keessan irratti cuqaasaa.
2. **Pickup (Fudhachuu)** ykn **Delivery (Geejjibuu)** filachuudhan guyyaa fi sa'aatii filadhaa.
   - » Jiraachuun geejjibaa teesso irratti hundaa'a.
3. "**Continue to check out (Mirkaneessuu itti fufaa)** kana jedhu cuqaasaa."
4. **PIINII WIC** keessan galchaa.
5. Ajaja fi filannoo kaffaltii keessan irra deebi'aa ilaalaa.
6. **"Place order (Ajajuu)"** kan jedhu cuqaasaa.
   - » Itti fayyadama kaardii WIC keessanii heyyamuuf PIINII WIC irra deebi'aa galchaa.

Tarreeffamni faayidaa keessanii yeroo ajajni keessan kennamu ni haaromsama.

### Gorsawwan:

Osoo herregni keessan hanga halkan walakkaatti hin cufamin dura PIINII keessan galchuuf yaaliiwwan 4 qabdu.

Yoo ergaa filattan ykn ajaja keessan keessatti meeshaalee WIC hin taane yoo qabaattan, Walmart filannoo kaffaltii lammaffaa akka galchitan isin gaafata.

DOH 961-1293 CS February 2025 Oromo
Galmee kana bifa biraatiin dookumentii kana gaafachuudhaaf 1-800-841-1410 irratti bilbilaa. Maamiltoota dhagahuu hin dandeenye yookin dhagahuudhaaf baay'ee rakkattan yoo taatan, maaloo 711 (Washington Relay) irratti bilbilaa yookin WIC@doh.wa.gov irratti imeelii ergaa.